

**Maqaa Kaadhimamaa:** Ry Armstrong (isaan/isaan)

**Maqaa Duulaa:** Armstrong Hundaaf

**Marsariitii duula kanaa:** armstrongforall.com

**Iddoo Hojii Magaalaa:** Kantiibaa Magaalaa Siyaatil

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** +1 206-657-6287

Giddugala Siyaatil keessatti, akka qindeessaa hojjettootaatti dhaababdha, faana maatii koo hordofuun. Qormaata tokko irraa gonkumaa duubatti hin deebi'u. Mirga hojjettootaa, mana jireenyaa gatii madaalawaa fi aartiif falmuun waggoota dabarsee jira. Akka Daarektarri Hojii Raawwachiiftuu Siyaatil Itti Fufiinsa Qabdutti, magaalaa qulqulluu, haqa qabeessa tatee fi namoota nu keessaa baay'ee saaxilamoo ta'an eeguuf nan hojjedha. Waggoota shaniif, waldaalee hojjettootaa waliin gurmaa'ee jira amma immoo Mana Maree Biyyaalessaa AFL-CIO AEA keessatti tajaajila, hojjettoota kalaqaa 50,000 bakka bu'ee kaffaltii haqa qabeessa, nageenya, fi faayidaaf dhiiba. Yeroon koo Komishinii LGBTQ Siyaatil keessa turee fi waggoota dheeraaf abukaatummaa koo akkaataa mootummaan magaalaa itti hojjetu na barsiise jira. Maatiin hojjetan magaalaa keenya guutuu akka imalan gargaaruu fi jijjiirama qilleensaa gargaaruuf gaasiiwwan gadi lakkifaman hir'isuuf geejjibni ummataa gatii hir'ifame ykn bilisaa dhiyeessuu qaba jedheen amana. Guyyoota 100 jalqabaa keessatti sireewwan dawoo 1,000 dabaluudhaaf karoorfadhee jira. Seera itti fayyadama lafaa jijjiiruun wiirtuuwwan kunuunsa daa'immanii ijaaruu fi Siyaatil akka cimtu nu gargaara. Bara 2025tti duubatti hin deebi'u—magaalaan keenya egeree fooyya'aa ta'eef qabsaa'uuf qophiidha. Deeggarsa keessan nan gaafadha. Namoota haa dursinu. Tokkummaa!

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Bruce Harrell

**Maqaa Duulaa:** Bruce for Seattle

**Marsariitii duula kanaa:** BruceforSeattle.com

**Iddoo:** Kantiibaa magaalaa Siyaatil

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** 206-569-8486

Kantiibaa keessan ta'ee tajaajiluun koo kabaja guddaadha! Hojjettoota magaalaa keenya of kennanii hojjetan waliin hojjechuun, Siyaatil nageenya qabu, gatii madaalawaa fi hundaaf simannaa ta'eef waadaa seennee jirra.

Bu'aa ba'ii hanga ammaatti galmeessineen nan boona:

● Invastimantii mana jireenyaa gatii madaalawaa irratti galmeessuu, kanneen akka mana jireenyaa deeggarsa namoota baay'ee saaxilamoo ta'aniif, akkasumas manneen kumaatamaan lakkaa'aman namoota hojjetaniifi maatii hojjetaniif.

● Fooyya'iinsa nageenya hawaasaa hojjettoota Poolisii Siyaatil dabalatee; Garee CARE kan namoota gargaarsa barbaadaniif deebii gara laafina, meeshaa waraanaa malee kennu uumuu; fi invastimantii nageenya dargaggootaa fi ittisa jeequmsa qawwee irratti.

● Tarkaanfii qilleensaa hatattamaa gamoo qulqulluu taasisuu, qaqqabummaa geejjibaa fi daandii miillaa nageenya qabu fooyyessuu, chaarjii EV babal'isuu, fi biqiltuu haaraa kumaatamaan lakkaa'aman dhaabuuf.

● Tajaajila bu'uuraa irratti xiyyeeffadhu– daandii fooyyessuu, hayyama sirrii ta'e, fi daldala xixiqqaa keenya socho'aa ta'eef deeggarsa.

● Vaawucharii fi sagalee keessaniin gara fuulduraatti tarkaanfachuu itti fufna!

● Manneen jireenyaa gatii madaalawaa babal'isuu– manneen maatiidhaaf mijatoo ta'an naannoo manneen barnootaa irraa kaasee hanga mana jireenyaa fi kondominiyeemii geejjibaa dhaqqabamaa ta'etti; qaqqabummaa guddisuu, baasii hir'isuu, carraa qabeenya dhalootaa uumuu qabna.

● Adeemsa nageenya irratti– qacarrii SPD, babal'ina Garee CARE, jeequmsa hir'isuu, fi itti fayyadama fentanyl fi wantootaa furuu.

● Egeree Seattle saffisiisuu– Baabura salphaa Siyaatil Dhihaa gara Baalaarditti geessu, Waterfront xumuruu fi Seattle Center irra deebi'anii yaaduun, magaalaa guddoo gara guddina dhugaa Emerald Citytti deebisuu.

Deeggarsa keessan itti fufiinsaan akka nuuf gootan nan gaafadha.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



Maqaa Kaadhimamaa: Joe Mallahan

Maqaa Duulaa: MallahanKantiibummaaf

Marsariitii Duulaa: joemallahanforseattlemayor.com

Bakka Magaalaa: Kantiibaa magaalaa Siyaatil

Lakkoofsa Bilbila Duulaa: 206.229.8149

Kantiibaa ta'uuf kanan dorgomaa jiru Siyaatil yaada ishee guutuu akka dandeessu waanan amanuuf. Mootummaa magaalaa gahumsa qabu ta'udhaan, Siyaatil biyyattiif moodeela tarkaanfataa ta'u— akkasumas jeequmsaa fi gara jabummaa MAGA mormu dandeessi.

Akka kantiibaatti, magaalaattin hunda keenyaaf akka hojjettu nan taasisa. To'annoo imaammata dhugaa fi amantaa hawaasaa deebisanii ijaaruudhaan-nageenya hawaasaa bal'inaan fooyyessuu qabna. Daandiwwan keenya irratti dhugumaan waan ta'aa jiru irra dhaabbachuudhaan waggaa jalqabaa kootti daandii to'annoo 50 nan xumura.

Teeppii diimaa nan kuta, oomisha mana jireenyaa nan saffisiisa, pirojektoota maatii hojjetan tajaajilan nan misoomsa. Hir'ina gibiraa federaalaa taasisuudhaan mana jireenyaa gatii madaalawaa nan ijaarsisa, qaqqabummaa fayyaa sammuu fi wal'aansa araadaa babal'isuuf, akkasumas namoonni osoo daandii irra jiranii wal'aansa araadaa kennuu waan hin dandeenyeef - waggaa jalqabaa keessatti bakka ciisichaa hatattamaa 5,000 nan kenna.

Hojjettoota sarara duraa irra jiran waliin cinaa cinaatti hojjechuun  fi daldala giddu galeessaa daawwachuudhaan hojii koo guutuudhaan bakka bu'aa jijjiiramaa ta'eera.Bakka bu'oota tajaajila maamiltootaa T-Mobile dhaggeeffadhee maatii galii xiqqaa miliyoonaan lakkaa'amaniif liqii fi mana jireenyaa gatii xiqqaa kenneera. Akka qindeessaa hawaasaatti, rakkoo gurguddaa magaalaa furuudhaaf namoota bakka tokkotti qindeessera.

Mana dhabuu gara Kompaashinii waliin ta'uudhaan furuu dandeenya, akkasumas Siyaatiliin bakka nageenya qabdu fi gatii madaalawaa taasisuu dandeenya.

*Kaadhimamtuun kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jirti.*



**Maqaa Kaadhimamaa:-** Jo Moloy (Joe Molloy)

**Maqaa Duula Filannoo:** Jo Molloy Kantibaadhaaf

**Toora Interneetii Duula Filannoo:** joemolloyformayor.com

**Gahee Hojii:** Kantibaa Siyaatil (Mayor of Seattle)

**Lakk Bilbilaa Duula filannoo:** 206-590-1126

Maqaan koo Jo Molloy jeedhama; Mirga manaa jireenyaa gatii madaalawaa qabu argachuu fi mirgoota qaama miidhamtootaaf kanan falmadhu yeroo ta'u, sirnoota seera qabeessa hin taanee keessa miidhame kanan darbe fi hoogganaa sirnoota hojii haaraa fi fooyya'an irratti xiyyeeffachuun hojjechuuf mul'ata qabu dha.

Ani miseensa siyaasaa osoo hin taane, rakkoo keenyaaf furmaata hatattamaa barbaaduu qabna yaada jedhu qabadhee kaka'umsa cimaa fi hubannoo gadi fagoodhaan kanan qajeelfamu, tajaajilaa ummataati. Filannoo kana keessatti kanan hirmaadhe, hanqina mana jireenyaa magaalaa keenya keessa jiruuf furmaata hatattamaa dhiyeessuufidha.

Yaadan qabu guutuu guutuutti bilisaan ibsachuuf bakkoota na dandeessisan keessaa Siyaatil tokko ta'uusaa amanuun gara magaalaa kana dhufe. Sababa kanaan namoonni biroo baay'eenis magaalaa kana mana kootti jedhuun waamu akka danda'an nan beeka. Haa ta'u malee, sirni bulchiinsaa amma jiru bu'uura keenya akka hin bakka buune hundumtuu ni beekna.

Garuu yoo fedhii fi kutannoon kaane, sirnoota amma jiran sirnoota bu'uura keenyaan akka bakka bu'an gochuu ni dandeenya.

Duulli filannoo keenyaa kun rakkoo hanqinaa fi dhabiinsa mana jireenyaa amma jiru furuuf qofaa kan gaggeeffamu osoo hin taane, tajaajilawwan hawaasummaa fi mootummaa hirmaachisummaa dabalan magaalattii keessatti ijaaruun, gara fuulduraattis, *carraan* dhabiinsa mana jireenyaa akka hin jiraanne gochuudhaafi. Haala kanaan, magaalaa fakkeenya gaarii taate ijaaruu akka dandeenyu nan amana. Kunis magaalota biraatiif fakkeenya gaarii ni ta'a.

Rakkoo hanqinaa fi dhabiinsa mana jireenyaa furre jechuun, rakkoo guddaa tokko furuu qofaa osoo hin taane, gara fuulduraafis, furmaata bu'a qabeessa yeroo dheeraaf tajaajilu fi carraa gaariidhaan kan guutame fiduuf bu'uura dhabsiisuu irra jirra jechuu dha.

Filannoo kana keessatti hirmaachuun koo fi deeggarsa keessanis kanan barbaadu kanaaf dha.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vaawucherii dimokraasii keessatti hirmaacha jiru.*



**Maqaa Kaadhimamtuu:** Katie Wilson

**Maqaa Duulaa:** Wiilsan Siyaatiliif

**Marsariitii Duulaa:** wilsonforseattle.com

**Iddoo Hojii Magaalaa:** Kantiibaa Magaalaa Siyaatiliif

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** 607- 301 - 1836

Maqaan koo Kaati Wiilsan jedhama, kantiibaa itti aanu Siyaatil ta’uuf fiigaa jira.

Waggoota 14n darbanif hojiin koo maatiile hojjetaniif injifannoo gurguddaa akka argatan tumsa ijaaruu fi hoogganuu ture: mindaa xiqqaa ol’aanaam ta'e, eegumsa kireeffattootaa cimaa, mana jireenyaa gatii madaalawaa ta’e, geejjibaa uummataa fooyya’aa, fi gibira nu warra kaan kanneen duraanuu garmalee kaffallu irratti osoo hin bayyatiin warra kaffaluu danda’an irratti cimsuu. Garaagarummaa bal'aa kessaa namoota walitti fiduun waan guddaa galmaan gahuu akkan danda'u nan beeka.

Kantiibaan ammaa kun bara 2008 irraa eegalee nama siyaasaa Bulchiinsa Magaala (City Hall) keessatti hojjechaa turedha. Yeroo sana keessatti baasii mana kireeffachuuf ykn bitachuuf Siyaatil keessatti bahu dachaa ol dabalee jira, namoonni yeroo kamiyyuu caalaa daandii keenna irratti bahanii iddoo cisicha dhabanii jiru.

Akkas ta’uu hin qabu. Hundaa keennaaf mana ijaaruu dandeenna. Ollaa socho’aa fi jireennaaf ta'u qabaachuu dandeenna. Daldala xixiqqaa kan guddatan qabaachuu dandeenna. Daandiiwwan nageenna waan qabaniif nageenni itti dhaga’amu qabaachuu dandeenna. Hawaasa godaantotaa eeguu fi hundaaf carraa uumuu dandeenna. Kana waliin gochuu dandeenna. Garuu Siyaatil dhaaf hoggansa haaraa barbaachisa.

Kun magaalaa keessaniti. Humna keessanii fi sagalee keessan gara Bulchiinsa Magaalaa (City Hall) fiduu barbaada. Na waliin ta’aatti kana haa milkofnu.

*Kaadhimamtuun kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jirti.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Ayzeeya Wilobi (Isaiah Willoughby)

**Maqaa Duula:**Sagalee Ummataa (The People's Voice)

**Toora Interneetii Duula Filannoo:**

**Teessoo Taayitaa:** Kantiibaa Siyaatil (Mayor of Seattle)

**Lakkoofsa Bilbilaa Duula Filannoo:** (206) 228-4802

Akkam, Siyaatil. Maqaan koo Ayzeeya Wilobi jedhama, bulchaa magaalaa keessanii ta'uufis dorgomaan jira.

Ani hojjetaa siyaasaa osoo hin ta'in, miseensa hawaasaa kan rakkoo dhugaa magaalaa keenya quunnaman hubatu dha. Ani misooma mana jireenyaa keessatti hojjedheera, sirna isaas qoradhee, akkasumas rakkoo gatii dabaluu fi cabiinsa seeraa keessa jiraadhee darbeen jira.

Barnoota riil steetii dhaan North Seattle College irraa digrii kanin qabu yeroo ta'u, hojii uumuu fi hawaasa qindeessu keessattis muuxannoo nan qaba. Rakkoolee jiran nan beeka: sababni isaas ana irrattis waaan ga'aniifi. furmaanni dhugaan immoo uummata rakkoolee kanaan midhame dhaggeeffachuu irraa dhufa.

Akka bulchaa magaalaatti, wantoota armaan gadii irratti nan xiyyeeffadha:

- Mana jireenyaa dhugumaan gatii madaalawaa qabu
- Nageenya uummataa kan amanamummaa hawaasa keessatti ijaaru
- Diinagdee naannoo jabaataa, kan maatilee hojjettoota ta'an fi daldaltoota xixiqqoo akka guddatan gargaaru

Duuulli filannoo kun "sagalee uummataa" jedhamuun kan waamame, akka siyaasa kanaan dura baramettii osoo hin ta'iin, hoogganssi, iftoomina kan qabu fi tajaajila irratti kan hundaa'e ta'uu qaba jedhee wantan amanufi.

Waliin taanee, Siyaatilii namni hundi itti dhaga'amu, deeggarsa argatu fi itti dagaagu ijaaru ni dandeenya.

Amantaa fi sagalee naaf kennitaniif galatoomaa.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vaawucherii dimokraasi keessatti hirmaataa jiru*.



**Maqaa Kaadhimamaa:** Ann Davison

**Maqaa Duulaa:** Ollaawwan Ann

**Weebsaayitii Duulaa:** https://neighborsforann.com/

**Gahee Hojii Magaalaa keessatti:** Kaadhimamtuu Abukaatoo Magaalaa

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** (206) 257 - 2206

Bara 2022 irraa eegalee Abbaa Seeraa Magaalaa Siyaatil ta'ee tajaajiluun kabaja guddaa ta'ee nageenya hawaasaa Siyaatil fooyyessuu irratti xiyyeeffachuu itti fufuuf humna na guutuu itti fufeera. Xiyyeeffannoo koo itti gaafatamummaa yeroo qabatamaa sirna haqaa yakkaa salphaa keenyatti deebisuu irratti haa ta'u, seera baastoota ykn mana maree magaalaa waliin hojjechuun seera fooyyessuu ykn hojii mootummoota keenyaa, sirnoonni keenya akkamitti akka gahumsaan hojjetu gochuun ummataaf akka dhiyeessan gochuu irratti xiyyeeffadheera. Iddoowwan uummataa magaalaa keenyaa naannoo qoricha sammuu namaa hadoochuu fi naannoo sagaagalummaa irraa fagaachuudhaan eeguuf seera baaseera, dhaabbilee yakkamtoota namoota saaxilamoo ta'an adamsan gufachiisuuf. Waajjira abbaa alangaa irratti iftoomina daataa kanaan dura hin argamnee fi hawaasa qaqqabummaa qabaachuun sadarkaa olaanaa irra waanan jiruuf ummanni waa'ee hojii koo fi bu'uura murtii koo ni beeksisa. Kaayyoon koo nageenya ummataa eeguu waan ta'eef, konkolaataa gatii gadi aanaa qaban gabaa keenya keessa galchanii hatamuuf baay'ee saaxilamoo kan taasisan oomishitoota konkolaataa irratti himannaa dhiheesseera. Qubsuma magaalaa tokkicha biyyattii keessaa isa guddaa dhaabbata keemikaalaa guddaa irraa Duwamish qulqulleessuuf 160M gara Siyaatiliif fideera. Siyaatil fi seerawwan ishee eeguuf as jira, yoo irra deebi'ee filame karaa kamiinuu hin dadhabu ykn hin dhaabu.

*Kaadhimamtuun kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii (Democracy Voucher Program) keessatti hirmaataa jirti.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Erika Evans

**Maqaa Duulaa:** Erika Evans filadhu

**Marsariitii Duulaa:** www.ElectErikaEvans.com

**Gitoota Hojii Magaalaa:** Abbaa Seeraa Magaalaa

**Imeelii Duulaa:** info@ElectErikaEvans.com

Magaalaa kana waanan jaalladhuuf Abbaa Seeraa Magaalaa Siyaatil itti aanu ta'uuf fiigaa jira, kana caalaa hojjechuu akka dandeennu nan beeka. Mana mirga siiviilii fi dinagdeetiin liqimfame keessatti dhaladhee qabsoo hawaasni keenna hedduun mudatu jiraadheen jira. Hojii kiyya mirga keenna eeguu fi seera namoota nageenna isaanii eegu uumuun dabarsee jira.

Kaadhimamaa kutaa yakkaa fi siviilii Waajjira Abbaa Alangaa Magaalaa Siyaatil keessatti hojjedhe ana qofa. Waajjirri kun akkamitti akka hojjetu-akkasumas jijjiirama dhugaa akkamitti akka geessisu nan beeka. Akka yeroodhaaf abbaa murtii mana murtii bulchiinsa magaalaa ta'uutti itti gaafatamummaan maal akka fakkaatu argee jira. Akka abbaa alangaa federaalaatti, hojjechiistota mindaa hatan itti gafatamummaa fudhatan godhee jira, yakka jibbiinsaa himadhee jira, daldaltoota qawwee fi qoricha sammuu namaa hadoochu akka itti gaafataman godhee jira, akkasumas miidhaamtoota jeequmsaaf dhaabbadheen ture.

Nageenni dhugaa jechuun hidhaa caalaa waan caalu jechuudha. Gara laafina waliin itti gaafatamummaa, eegumsa humna namaa fi naannoo cimaa, bilisummaa walhormaataa, fi filannoowwan dhugaa hidhaa jechuudha.  Kanaafidha Mana Murtii Hawaasaa haaraa balbala naanna’aa osoo hin taane deebisanii dhaabuu irratti xiyyeeffate kan leellisu.

Yeroo mirgi keenna bulchiinsa Tiraampiin haleellaa jala jiru kanatti, Abbaa Seeraa Magaalaa kan muuxannoo, lafee dugdaa fi beekumsa ofirraa ittisuun qabu akkasumas guyyaa tokkoffaatiin geggeessu nu barbaachisa. Ani qophii dha.

*Kaadhimamtuun kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jirti.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Rory O'Sullivan

**Maqaa Duulaa:** Hiriyoota Rory O'Sullivan

**Marsariitii Duulaa:** www.electrory.com

**Gitoota Hojii Magaalaa:** Abbaa Seeraa Magaalaa

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** 206-356-9852

Siyaatil Abbaa Seeraa Magaalaa kan magaalaa keenya nageenya qabdu gochuuf dursa kennu malaaf. Hundi keenya farra yakkaati, garuu farra yakka ta'uun gahaa miti. Ammallee furmaata eegaa jirra.

Waajjirri Abbaa Alangaa Magaalaa mana murtii hawaasaa cufe, abbootii murtii filataman waliin waldhabdee fudhate, yeroon himannaa machiidhan konkolaachisuu guyyoota 85tti akka olka'u eeyyame, ajaja hojii raawwachiiftuu heera mootummaa faallessu fuulduratti homaa hin hojjenne, magaalaa nageenya qabduu fi gara laafina qabdu uumuuf waadaa galan uumuu hin dandeenye.

Hojii koo hojjettootaaf falmuudhaan, sirna seeraa keenya haqa qabeessa ta'een akka argatan gochuudhaan, akkasumas tumsaa dursee hojjechuudhaan dabarsee jira. Waajjira Abbaa Alangaa Magaalaa kan rakkoolee Siyaatil mudataniif furmaata dhiibu hoogganuudhaaf qophaa'een jira.

Marsaa yakka jalaa miliquuf carraa dhiyeessuuf, jeequmsa maatii fi machiidhan konkolaachisuun himannaa akka saffisiisu, yakki irra deebiin akka uumamu eeguu akka dhiifnuuf, hojjettoota hojii irratti haala badaa irraa eeguuf ulaagaalee hojjetaa cimaa hojiirra oolchuuf, akkasumas waajjira abbaa seeraa magaalaa gahumsa qabu - kan bulchiinsa gaarii irratti xiyyeefate uumuuf, mana murtii hawaasaa hordoffii fooyya'aa ta'een nan fida.

Raggaasiftoota: Komishinara Inshuraansii Patty Kuderer, Senetera Isteetaa Rebecca Saldaña, Bakka Bu'oota Isteetaa Chipalo Street fi Sharon Tomiko Santos, Miseensota Mana Maree Magaalaa duraanii Tammy Morales fi Mike O'Brien, Seattle Dispatchers' Guild, fi kkf.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Kaadhimamaa:**Nathan Rouse

**Maqaa duula filannoo:** Rouse Filaa/Sagalee kennaa

**Marsariitii Duulaa:** www.voterouse.com

**Gitoota Hojii Magaalaa:** Abbaa Seeraa Magaalaa

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** 206-593-2203

Ani **Nathan Ruse**, **ittisaa ummataa, abukaatoo seeraa fi abbaa**, **abbaa seeraa** magaalaa Siyaatil itti aanu ta'uuf fiigaa jira. Jireenya koo akka ittisaa ummataatti namoota sirna cabe keessatti kufanii fi haqummaa, itti gaafatamummaa fi carraa lammaffaa falmuun dabarsee jira.

Magaalaa kanaaf baay'ee waanan dhimmamuufi fi sirna haqaa **humna guddaa qabu qofaaf osoo hin taane nama hundaaf hojjetu** nu barbaachisa jedhee waanan amanuuf fiigaa jira. **Furmaata nageenna hawaasaa dhugaa** kan yakka ciccimoo furuu fi warra hawaasa keenna seenaniif deebisanii dhaabuu fi deeggarsa hiika qabu kennuu nu barbaachisa. **Hojjetootaa fi kireeffattoota eeguu qabna, miidhamtoota yakkaaf fandii beenyaa cimaa hundeessuun,** fi **gatiiwwan tarkaanfataa Siyaatil'f dhaabbachuu qabna**-keessattuu yeroo bulchiinsa Tiraamp irraa haleellaa isaan irra ga'u. Abbaa Seeraa Magaalaa Rippabilikaan keenna akka nu deeggaru lakkaa'uu hin dandeennu.

Guyyaa guyyaan akkaataa amma haqaa irratti qabnu akkamitti akka hin hojjenne ija kootiin nan arga. Yeroo baayyee hundee yakkaa osoo hin ilaalin ykn yeroo isaan mana hidhaati bahan milkaa'inaaf osoo hin qopheessin namoota sirnicha keessa sochoofna. **Imaammata daataatiin geggeeffaman** kanneen qabatamaan nageenna hawaasaa fooyyessuu fi itti gaafatamummaa hiika qabu mirkaneessuu irratti nan xiyyeeffadha.

Ani Siyaatil **nageenna qabdu, haqa qabeessa taate** ijaaruuf fiigaa jira-akkasumas akka natti makamtan abdiin qaba.

*Kaadhimamaan kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Eddie Lin

**Maqaa Duulaa:** Eddieiin Siyaatiilif (Eddie for Seattle)

**Marsariitii/Weebsaayitii Duulaa:** https://www.linforseattle.com/

**Gita Magaalaa:** Bakka Miseensa Mana Maree Magaalaa gulantaa 2 ffaa

**Lakkoofsa Bilbila Duulaa:** 206-734-7412

Akka Gargaaraa Abukaatoo Biiroo manneen Magaalaa/ Office of Housing, Eddieiin waggootaaf yuunitii mana jireenyaa gatii madaalawaa kumaatamaan lakkaa'aman maallaqaan gargaaruuf hojjechaa tureera. Kiraa manaa baay'ee ol ka'aa jiru hir'isuun dursa olaanaa ta'uu qaba jedhee amana. Eddieiin hambaa zoonii addaan baafamuu (zoning), liqii argachuu dhabuu (redlining), fi hanqina invastimantii sirnaawaa waggoota kurnaniif magaalaa keenyatti ba'aa ta'e, keessumaa immoo gama fiixee kibbaa/South End furuuf nuffii malee ni hojjeta.

Eddieiin ilma dhalataa godaantota lammii Taayiwaan yoo ta'u, Kaaba Kaarolinaatti guddachaa osoo jiruu loogiin isa mudateera. Iskoolaarshiipii, gargaarsa maallaqaa irratti hirkatee fi Baasii kolleejjii isaa uwwisuuf hojiiwwan hedduu hojjeteera. Inni nama mana halluu dibu, mana amantaa naannoo sana jiru keessatti qulqulleessaa fi ergamaa biskileetii ture. Akkuma The Stranger jedhetti/kaa'etti: "Rakkoon gatii jireenyaa madaalawaa Siyaatil keessatti Eddie'f haaraa miti, inni jiraatee barateera."

Eediin qormaata cimaa Seattle mudate furuuf ariifannaa dhabuun waan isa dallansiisee jiruuf dorgomaa jira. Nageenya hawaasaa, gatii jireenyaa madaalawaa, mana dhabuu, ykn manneen barnootaa ummataa kanneen rakkoo keessa jiran haa ta'u, tarkaanfii fudhachuu fi guddina qabatamaa fiduuf qophiidha.

Eddieiin Seattle bakka nama hundaaf ta'uu qaba jedhee amana– kanaafis tajaajila barbaachisaa nuti irratti hirkatnu maallaqaan gargaaruuf dhaabbilee badhaadhoo fi namoota qabeenya guddaa qaban irratti gibira isaan kaffalchiisuu ni deeggara.

*Kaadhimamaan kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jira.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Adonis Ducksworth

**Maqaa Duula Filannoo:** Adonis Seattle'iif

**Toora Interneetii Duula Filannoo:** AdonisForSeattle.com

**Taayitaa Bulchiinsa Magaalaa:**Iddoo Hojii Mana Maree Magaalaa 2

**Lakkoofsa Bilbilaa Duula filannoo:** 206-495-5597

Appaartmentii tripleeks Beacon Hill keessatti argamu keessatti haadha kootu kophaa na guddise. Yaadannoowwan ijoollumma taphoota ijoollee ollaa waliin taphachaa dabarsine baayyeen qaba. Manneen jireenyaa gatii madaalawaa naannoo manneen barnootaa fi tajaajiloota jiran tasgabbii keenyaaf murteessaa ture.

Har'a, namni waa'ee haleela meeshaa waraanaa, waa'ee gatii manaa, kaffaltiin manaa humnaa ol ta'een manaa ari'amuu, akkasumas, waa'ee carraa gaarii dhabuu ijoollee isaanitii yaadda'u.

Waggoota 10 darbaniif bulchiinsa magaalaa Siyaatil keessatti hojii hawaasa hubannoo qabsiisuu, hojii hirmaannaa, akkasumas ogeessa hojii imaammataa ta'uu dhaan tajaajilee jira. Guutuu magaalaa keessatti, hojii barbaadamu hojjechuuf namoota qindeessuu irratti muuxannoo qaba.

Filannoo kana irratti kanin dorgomuf hawaasa keennaaf waan fooyya'aa hojjechuu akka danddeennu waan beekufi.

Sagalee keessaniin bu'aa nuuf malu nan argadha:

- Filannoon mana jireennaa fooyya'aa namoota dhuma Kibba keessa jiraachuu barbaadaniif; namoota manaa fi naannoo isaanii keessa turuu barbaadaniif filannoo dabalataa.
- Poolisoonni itti gaafatamummaa qaban, deebii kennitoota CARE Team babal'isuu, fi gidduu seentoota jeequmsa qawwee hir'isuu fi daa'immanii fi daldala xixiqqaa eegu irratti invast gochuu.
- Transportation Levy milkaa'ina fide irratti hundaa'uudhaan , daandiiwwan Rainier fi MLK irratti konkolaattonii saffisa akka hir'isan gochuuf, geejjibni konkolaataa fayyadamtoota hundaaf nageenyi isaa kan eegame fi fooyya'aa akka ta'u gochuuf, dabalataanis, tajaajila filatamaa fi amanamaa dhiyeessuuf nan hojjadha.

*Kaadhimamaan kun sagantaa Democracy Voucher keessatti hirmaataa dha.*



Maqaa Kaadhimamaa: Jenni Chunn (Jeanie Chunn)

Maqaa Duula Filannoo: Jenni (Jeanie) dhaaf sagalee kennaa

Toora Interneetii Duula Filannoo: votejeanie.com

Angoo Bulchiinsa Magaalaa Ittiin Dorgoman: Bakka Angoo 2 City Council

Lakkoofsa Bilbila Toora Filannoo: 206-255-4562

Yeroo murteessaa kana keessatti, Siyaatil koree magaalaa keessa nama dhaggeeffachuu danda'u—nama hawaasa keessa jiru, kan faayidaa dhuunfaatiin hin bitamne, fi jijjiirama jabaa fi duraan fagaatee deemuuf qabsaa'u barbaaddi. Ani sagalee sana ta'uuf dorgomaan jira.

Magaalaan keenya rakkolee cimaa keessa jirti: sirna gibiraa gadi-aanaa kan abbootii qabeenyaa fayyadu, poolisii itti gaafatamummaa dhabe fi bulchiinsa hiyyummaa yakka godhee furmaata bu'uuraa barbaaduu osoo hin ta'in adabuu filate. Hoggansa haqa dubbatu qofaa osoo hin ta'in, hojii isaa keessatti mul'isu nu barbaachisa.

Akka nama waggoota dheeraaf falma taasisaa turetti, seerota jijjiirama fidan baasuun gargaaren jira: JumpStart Seattle, seera Pay Up, daangeffama kaffaltii deeliverii, eeyyama nyaata bilisaa kan alaa, akkasumas deeggarsa dolaara biliyoona $28.6 mootummaa federaalaa soorama mana nyaataa dhuunfaa guutuu biyyattii keessatti argamsiiseera. Hojiin akkamitti milkaa'uu akka danda'u nan beeka, naannoo keenyaafis beekumsa koo kanaan hojjechuuf qophaa'eera.

Mana jireenyaa gatii madaalawaa qabu fi galii ofii caalaa faayidaa ummataa irratti xiyyeeffatu, nageenya ummataa furmaata hawaasni dhiyeesse irratti kan hundaa'e, akkasumas dinagdee naannoo guddataa deemu, kan daldaltoonni xixiqqoon fi hojjettoonni ittiin guddatan mijeessuuf muradhee ka'eera.

Waliin ta'uun magaalaa gatii madaalawaa qabdu, itti gaafatamummaa qabdu, namoota hundumaa simattu ijaarraa. Faayidaa Koorporeetotaa irraa taayitaa fuudhuun gara namoota magaalaa keenya, kan Siyaatil bakka jireenyaa mija'aa godhanitti haa ceesisnu. Sagalee keessan naaf kennuu dhaan magaalaa namni hundi barbaachisaa itti ta'e fi hundu waliin itti guddachuu danda'u ijaaruuf na gargaaraa.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vaawucherii dimokraasii keessatti hirmaachaa jiru*.



Maqaa Kaadhimamaa: Jamie Fackler

Maqaa Duulaa: Jaamii Siyaatiliif

Weebsaayitii Duulaa:jamieforseattle.com

Iddoo Magaalaa: Mana Maree Magaalaa Ramaddii hojii 2

Lakkofsa Bilbila Duulaa: 206-963-3211

Siyaatil magaalota addunyaa irratti dureeyyii ta'an keessaa tokko yoo taatu, garuu akkas namatti hin dhaga'amu. Biliyeenaroota gibira irraa dheessan qabna yeroo maatiiwwan wantoota barbaachisoo ta'an malee jiraatanitti. Kun rakkoo qabeenyaati miti, rakkoo filannoo ti.

Maatiiwwan hojjattoonni mana bitanii as jiraachuu fi guddachuu turan. Haala haaraa kana fudhachuu hin qabnu. Ani Siyaatil keessatti namni hundi kan mana qabu, ijoolleen hundi gara mana barumsaa yoo deeman ngaanyi akka itti dhaga'amu, fi hawaasni keenya abdii guutuu akka qabaatu gochuuf fiigaa jira.

Mana jireenyaa qulqullina olaanaa qabu, kan waldaa hojjettootaatiin ijaarame akka faayidaa ummataatti akka dhiyeessu nan deeggara. Carraa mana jireenyaa dhaabbataadhaan gatii madaalawaa ta'e nan babal'isa, mirga kireeffattootaa nan eega, dandeettii gaaddisaa nan ijaara. Waajjirri koo Garee Kunuunsa ni babal'isa akkasumas dhaabbilee rakkoo qoricha sammuu namaa hadoochuu fi fayyaa sammuu keenya furuuf hojjetan deeggaru. Tarkaanfiiwwan itti gaafatamummaa malee waliigaltee poolisii fudhachuu ni dinna, sagantaawwan maallaqa gara gara biraatti dabarsan ni dinna, akkasumas miira nageenyaa magaalaa keenya keessatti ni deebifna. Ani nama siyaasa hojii godhate miti, garuu galmi magaalattii keenyaa namoota yeroo hunda jiraatan qabaachuu qabdi.

Deeggarsa: Demokraatota King Kaawuntii, Demokraatota Aanaa 37ffaa, Miseensa Mana Maree Kaawuntii Teresa Mosqueda, Tammy Morales, Larry Gossett, Hojjettoota MLK, PROTEC17, ILWU19, ATU587, SUP, IAM751, AFT Washington, UAW4121. Osoo isinis na deeggartan kabajaan qaba.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vaawucherii dimokraasii keessatti hirmaachaa jiru.*



Maqaa Kaadhimamaa: Jessi Ee. Jems (Jesse A. James)

Maqaa duula filannoo: Jessi Ee. Jems Siyaatiliif

Toora interneetii duula filannoo: jesseajames.com

Gahee Hojii: Mana maree magaalaa 8

Lakkoofsa Bilbilaa Duula Filannoo: (206) 657-7062

Akka Taphataa muuziqaa/barreessaa milleniyaalii tokkotti, rakkinoota hojii fi kireeffannaa manaa magaalaa Siyaatil keessatti argaman mataan koo isa argeen nan beeka. Kanaafis, miseensa mana marii ta'uudhaan, hojii koo guddaan Siyaatil magaalaa namni hundi nageenyaan keessa jiraachuu danda'u fi filannoo mana jireenyaa gatii madaalawaa qabu argachuudhaan itti jiraatu akka ta'u gochuu dha.

Bara 2022 keessatti, sirni gibiraa akka jijjiiramu deeggaruu fi mirgoota saalaa kabachiisuuf yaada cimaa qabaadhee Kongireesiitti dorgomeen ture. Bara 2024 keessatti, Paartii kaaskeedii isa haaraa(Cascade Party) keessa hirmaachuudhaan, Mirga dubbii bilisaa eeguu fi tajaajila fayyaa nama hundaaf salphatti argamsiisuuf(Universal Healthcare) sochii deggarsaa taasifamu sagantaalee isaanii keessa mikaa'inaan galchuu kootiin, filannoodhaan miseensa boordii paartii ta'uu danda'eera.

Dhimma mootummaa ilaalchisee, amalawwan siyaasaa (ideology) bakka lammaffaa qabachisuun, dursa hojiirra oolmaa fi hawaasummaan caalatti akka barbaachisan nan amana. Jijjiirama fiduu kan dandeenyu kana irratti dha.

Tarkaanfiileen mootummaa federaalaa irraa dhufan yeroo baay'ee jeequmsa uumuu kan danda'an waan ta'eef, sadarkaa bulchiinsa naannoo irratti tasgabbii uumuun ni barbaachisa. Siyaatl waggoota muraasa darban keessatti nageenya uummataa fi mana jireenyaa ilaalchisee guddina kan argamsiise yeroo ta'u, magaalattiis bakka daldalaa hawwataa fi mijataa gochuuf hojjatee jira. Hojiiwwan daldalaa xiqqaa jajjabeessuun, karoora hawaasummaa rakkoo uummataa yaadannoo keessa galchan, madaalawaa fi sirrii ta'an qopheessuun hojiirra oolchuun ni danda'ama.

Babal'ina tajaajila laayit reeylii nan deeggara. Sirni taaksii shugar taaks jedhamu akka haqamu falmaan jira. Polisiiwwan kunneen mana marii magaalaa keessatti itti gaafatamummaa fi madaalawummaa fiduuf kaayyoon qabadhe waliin kan walsiman yeroo ta'u, anis hojii kana hojjachuuf qophaa'ee as gaheera!

Krist Novoselic fi kanneen birootiin kan raggaasifame.

*Kaadhimamaan kun hirmaataa sagantaa vaawucherii dimokraasii miti.*



Maqaa Kaadhimamaa: Racheel Saavej (Rachael Savage)

Maqaa duula filannoo: Racheel Saavej fi Hiriyyoota ishee- Mana Maree Magaalaatiif (City Council)

Toora interneetii duula filannoo:

http://www.savageforseattle.com

Gahee Hojii: Mana maree magaalaa 8

Lakkoofsa Bilbilaa Duula Filannoo: (206) 657-7062

Magaalaa siyaatil keessatti hojii daldala dhuunfaa akka nama qabu tokkotti, abbootiin siyaasaa sirna haqaa balleessuu isaanii irraa kan ka'e, yakki akka babal'atu, suusiin gadhee fi dhukkubbiin sammuu akka hammaatu, lubbuun akka dhabamu, daldalli keenya fi qabeenyi magaalaa bareedaanis akka barbadaa'u, akkasumas nagaan lammii martii akka jeeqamu ta'ee, haala ulfaataa kana keessa jiraachaan ture. Akka jiraataa magaalaa tokkootti, kaffaltiin kiraa manaa yeroo hunda dabalaa deemuu isaatiin rakkina keessa gelee, bitachuufis gatiin isaa humnaa ol waan ta'eef yeroowwan hedduu bitachuuf yaale dhiiseen beeka. Miseensa mana maree magaalaa gootanii yoo na filattan, garaagarummaa kaffaltii hojii fi kiraa manaa gidduu jiru hir'isuuf, waajjira poolisii deebisee ijaaruuf, mana hidhaa ofii kan magaalaa keenyaa ijaaruuf, adeemsa to'annoo jala olchuu fi murtee dabarsuu eeyyamuf, rakkoo itti fayyadama qoricha sammuu namaa adoochu fi rakkoo dhukkuba sammuu furuuf, akkasumas giddugala fayyaa tajaajila yeroo dheeraa kennu ijaaruu dhaan isin tajaajiluun ergama koo ta'a.

Haalootni jiran akka fooyya'an gochuu ni dandeenya. Hawwiin lammiilee hundaa tokko kunis, seera dura walqixa ta'anii mul'achuu fi jireenya tasgabbaa'aa fi nageenya qabu jiraachuu dha. Nageenyi magaalaa yeroo eegamu badhaadhinni gara magaalattiitti ni deebi'a. Waliin taanee kana gochuu ni dandeenya. Filannoo keessan yoon argadhe, sagalee kan hin qabneef sagalee ta'uudhaan, sagalee tokkummaa bakka bu'ee, sirna hojii hanga ammaatti bu'aa nuuf hin fidne jijjiiruuf nan hojjadha. Vaawucherootni dimookrasii, kaadhimamtoota alaa deeggaruuf ni gargaaru. Vaawucherii dimookrasii dhaan duula filannoo koo kana har'a deeggaraa.

Kaadhimamaan kun hirmaataa sagantaa vaawucherii dimookrasii ti.



Maqaa Kaadhimamaa: Reey Ee. Rojers (Ray A. Rogers)

Maqaa Duula Filannoo: Ray Reey Ee. Rojers Mana maree magaalaatiif, teesso lakk. 8 (Seattle City Council, position 8)

Toora Interneetii Duula Filannoo: www.RayRogersForSeattle.com

Teessoo Taayitaa: 8

Lakkoofsa Bilbilaa Duula Filannoo: 206-641-0859

Yeroo mootummaan kufu maal akka ta'u, ani dhugumaan keessa darbee waanan argeef, sirriitti nan beeka. Ani kibba bahaa siyaatil keessattin guddadhe. yeroo sanas ana dabalatee ijoolleen baayyee hookkaraa fi araada keessa seenaa turan. Waggaa hedduu rakkoo dhabiinsa manaa, itti fayyadama meeshaa sammuu namaa adochu fi hiidhama keessa darbeen jira. Lubbuun koo achitti darbuu ni danda'a ture. Garuu sun hin taane, sababni isaas, yeroo namootni hundi na dhiisan, hoogganaan hawaasaa tokko garaa naaf laafe, na amane, yeroo isaa naaf kenne. Jireenya koo nan jijjiire. Waggoota 20 darban keessatti, anis akkasuma jireenya namoota biroo jijjiiruuf hojechaan ture.

Magaalli keenya siyaatil amma yeroo murteessaa keessa waan jirtuuf, anis teessoo mana maree magalaatiif dorgomaan jira.  Yakka fi araada mormuu irratti ani muuxxannoo lafa qabate nan qaba. Ani hundeessaa Circle Of Love Outreach yeroon ta'u, sagantaan kun sagantaa ummataan gaggeeffamu fi namoota rakkina dhabiinsa manaa, hookkara fi araada keessa jiran, rakkoo kana keessaa baasu fi deeggaruuf kan hundaa'e dha.

Namoonni Mana Maree keessa jiran tokko tokko, gara wantoota kanaan dura miidhaa nutti fidan kan akka badii, qoqooddii fi dhugaa dhorkuutti nu deebisuuf yaalaa jiru. Kuni akka uumamu hin eeyyaminaa. Namoota kaampii keessaa baasuun gara manneen jireenyaa seensisuuf garaa laafina fi ariifachiisaadhaan nan hojjedha. Sagantaalee dargaggootaa, ittisa hookkaraa, deeggarsa fayyaa sammuu fi carraa dinagdee dhugaa argachuu irratti inveest nan godha; sababni isaas, kana yoo hin goone waanta uumamu ofii argeen jira waan ta'eefi. Daldaloota xixiqqoo haala walitti dhufeenya hawaasa keenyaa jabeessan deeggaruuf nan dhaabbadha.

Kaadhimamaan kun hirmaataa sagantaa vaawucherii dimokraasii miti.



Maqaa Kaadhimamaa: Alexis Rink

Maqaa Duulaa Filannoo: Alexis Siyaatiliif (Alexis for Seattle)

Toora Internetii Duula Filannoo: www.alexisforseattle.com/

Aangoo Bulchiinsa Magaalaa: Mana Maree Magaalaa Ramaddii hojii 8 (City Council Position 8)

Lakkoofsa Bilbilaa Duula Filannoo: 206-705-9305

Waajjirri koo yeroo gabaabaa kana keessatti hojiiwwan raawwateen baay'een boona.

- Gibira dhaabbilee gurguddoo irraa sassaabamu, hojii ijaarsa mana jireenyaa gatii madaalawaa qaban irratti oolchuuf karoorfamee bara kana sagalee dhibbeentaa 63% argachuun kan fudhatame, Prop 1A deeggaruu.

- Hayyoota naannoo fi hoggantoota walitti qabuudhaan koree addaa dhaabuun, magaalaa keenya balaa jijjiirama imaammata mootummaa federaalaa irraa ittisuuf tarkaanfii murteessaa fudhachuu.

- Imaammata gibiraa cee'umsa qabu deeggaruu, daldaltoota xixiqqoo irraa dhiibbaa hir'isuun, manneen jireenyaa gatii madaalawaa qaban eeguun, dhaaqqabummaa nyaataa fi tajaajila biroo irraa bajata kutuu ittisuu.

Kireeffataa manaa, fayyadamaa awutobisii fi kanaan dura keessummeessituu akka ta'uu kootti, yeroo lammaffaa filatamuuf dorgomuufi hojii kana itti fufuuf hawwiin guddaan na keessa jira. MLK Labor, The Stranger, One America Votes, The Urbanist, gareewwan dimokraasii, Miseensa Mana Maree Bulchiinsa Magaalaa Seattle Dan Strauss, Seera baastoota distriktii Seattle keessa jiran tokkoon tokkoon isaanii, Miseensota Mana Maree King County Seattle keessa argaman tokkoon

tokkoon isaanii fi qaamolee biroo dabalataa irraa deeggarsa argachuun koo baay’ee natti tola. Deeggarsa keessan akkan argadhu abdiin qaba!

Caalaatti baruudhaaf maaloo vawucherii dimokraasii keessan kennaa, akkasumas AlexisForSeattle.com galuu dhaan ilaalaa.

*Kaadhimamaan kun sagantaa vawucherii dimokrasii keessatti hirmaataa jiru*.



**Maqaa Kaadhimamaa:** Dionne Foster

**Maqaa Duulaa:** Dionne Seattle dhaaf

**Marsariitii Duulaa:** dionnefoster.com

**Iddoo Magaalaa:** Iddoo Mana Maree Magaalaa Seattle #9

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** 206-651-5493

Daandiiwwan nageenna qaban, mana jireennaa gatii madaalawaa, fi hoggantoota Seattle mirga keenna eegsisanii fi sagalee keenna kabajan nuuf mala.

Dionne Foster ogeettii imaammataa, geggeessituu hawaasaa, hojjettuu hawaasummaa leenjifamte, fi haadha hawaasa keenna nageenna, itti fufiinsa qabuu fi haqa qabeessa taasisuu irratti waggoota kurnan oliif dabarsiteedha. Galmee hoggansa gaarii kana irratti ijaaruuf Mana Maree Magaalaaf dorgomaa jirti– Manni Maree kana ajandaa dhuunfaa osoo hin taane dursa waliinii fi fedhii hatattamaa furuuf irra deebi'ee xiyyeeffachuudha.

Akka Daarektarri Olaanaa WA Progress Alliance keessatti, invastimantii seena qabeessa kunuunsa daa'immanii, barnoota jalqabaa, fi ijaarsa mana barumsaa irratti karaa hoggansa ishee gibira bu'aa kaappitaalaa guutuu kutaa biyyattii irratti dabarsuu fi eeguu gargaarteetti– kunniis dureeyyiin qooda madaalawaa akka kaffalan mirkaneessuu fi fedhii gatii madaalawaa fi maallaqaa fuura.

Akka Gorsaa Imaammataa Olaanaa Magaalaa Seattle, Diyoon nageenna hawaasaa fooyyessuu, dargaggootaaf carraa uumuu fi galmoota haala qilleensaa galmaan ga'uuf hirmaannaa qooda fudhattootaa bulchitee jirti. Faawundeeshinii Seattle keessatti dhaabbilee tarsiimoo mana jireennaa haaraa uumuu fi humna dinagdee guddisan irratti invast goote.

Deeggarsa keessaniin, Dionne qormaata biyyaalessaa furuuf Seattle walitti fiduu fi guddina naannoo oofuun namni hundi magaalaa keenna keessatti nageenni, simannaa fi deeggarsa akka itti dhaga'amu gargaaruuf ni gargaarti. Dorgommii kana irratti kaadhimamaa kan Mana Maree Hojjetaa MLKn raggaasifamte Dionne qofaadha.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa jirti.*



**Maqaa Kaadhimamaa:** Sara Nelson

**Maqaa Duulaa:** Sara Nelson Mana Maree Magaalaaf

**Weebsaayitii duula filannoo:** SaraForCityCouncil.com

**Gitoota Hojii:** Mana Maree Magaalaa Siyaatil Gitoota Hojii 9 Walumaagalatti

**Lakkoofsa Bilbilaa Duulaa:** 206-821-6140

Ani Sara Nelson, Miseensa Mana Maree magaalaa keessanii.

Waggaa afur dura, Siyaatil qabamtee turte - yakki dabalaa dhufe, paarkota keenya keessatti buufata, fi Mana Maree guddina agarsiisuu caalaa ibsa kennuudhaaf fedhii guddaa qabu fakkaatutu mudate. Sana jijjiiruuf fiige.

Har'a dhumarratti kallattii jijjiiraa jirra. Siyaatil erga bara 2019 booda yeroo jalqabaaf poolisoota dhabaa jirtu caalaa qacartee jirti. Tajaajila Wal'aansa Evergreen kan qoricha socho'aa fi deeggarsa kallattiin namoota jeequmsa itti fayyadama opioid waliin rakkataniif fidu waliin tumsa keenya babal'isuun weerara fentanyl mataa-matti furuutti jirra. Akkasumas yeroo daldaltoonni naannoo cabsanii seenuu mudatan, baasii isaanii akka deebifatan gargaaruuf Fandii Supha Fuuldura Suuqii uumne.

Namni hundinuu akka ani argadhe fayyina argachuun isaaf mala. Kanaafidha wal'aansa bilisaa, gaaffii irratti hundaa'e kennuu irratti kan xiyyeeffadhe, akkasumas deebii hatattamaa guutuu magaalaa keenya keessatti fooyyessuu irratti.

Falmii dhuma hin qabne osoo hin taane bu'aa geessisuutti nan amana. Sun daldaltoonni xixiqqaan akka guddatan gargaaruu yookiin dhaabbilee hawaasa irratti hundaa'an kanneen magaalaa keenya akkasitti socho'an deeggaruun haa ta'u.

Qormaatni nu mudatu walxaxaa ta'us waliin taanee guddina dhugaa galmeessisuu dandeenya. Hojii kana itti fufuuf deeggarsa keessan argachuun kabaja guddaan qaba.

*Kaadhimamaa kun Sagantaa Vaawucharii Dimookiraasii irratti hirmaachaa hin jiru.*